# Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta’u, qabrii nabiyyoota isaanii bakka itti salaatan godhatan

Aa'ishaa fi Abdullaah bin Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jedhan: Gaafa Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- duuti dhufte, uffata isaanii wahii fuula ofii irratti darbachuu eegalan, yeroo isiin ukkaamaman fuula isaanii irraa isii saaqu, utuu kana keessa jiranuu akkana jedhan: “Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta’u, qabrii nabiyyoota isaanii bakka itti salaatan godhatan” dalagaa isaanii irraa akeekachiisa kennu.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Aa'ishaa fi Ibnu Abbaas, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, gaafa Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- duuti dhufte uffata xiqqaa wahii fuula ofii irratti darbachuu akka eegalanii fi sababaa sakaraata du'aatin yeroo hafuura baafachuun itti jabaate uffata san fuula ofii irraa kan saaqan ta'uu nutti himan, akkasumas utuu rakkoo kana keessa jiranii akkana kan jedhan ta'uus nutti himan: “@Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta’u, Rabbiin rahmata Isaa irraa isaan haa fageessu; sababni isaas isaan qabrii nabiyyoota isaanii irratti waan Masjiida ijaaraniif jecha. Osoo hammeenyi dubbii kanaa guddaa ta'uu baatee, rakkoo akkasii keessatti silaa waan kana hin kaasan ture, kanaaf Rasuulli -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatuu- ummatni isaanii gocha isaanii san akka hin raawwanne dhoorgan; Sababni isaas gocha Yahuudootaa fi Kiristaanotaa irraa waan ta’ee fi karaa gara Rabbii guddatti waan biroo qindeessuutti nama geessu waan ta'eef jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee